



# Ministeera Haqaa

## Labsii mirgootaa

### DAA'IMMAN MANA HIDHAA KEESSA JIRANIIF KAN DHIYAATU DAA'IMMAAN UMURIIN ISAANII WAGGOOTA 10 FI 13 GIIDDUU

Odeeffannoona armaan gadii kuni afaan ati hubattuun siif kennamu qaba.

Yoo fedhiwwan kee kan faallessu yookan adeemsawwan irratti balaa kan fidu ta'e malee, maatileen yookan guddistoonni kee odeeffanno wal fakkaataa ni argatu.

Sanada kana yeroo turtii mana hidhaa kee guutudhaaf olkaa'uun dandeessa.

Yakka seera cabsuu fi yoo xiqqaate hidhaa waggoota 5 adabsiisu raawwachuu kee ragaan agarsiisu waan jiruuf akka hidhamte sitti himamee jira.

Mirga maalif akka himatamte, yoomii fi eessattii, akkasumas sababa hidhaa keetii beekuu qabda.

Dhugaawwan kanneen ilaaalchisee yeroo hidhaa ni dhagahamta, kuni sa'aatiwwan 12 ta'uun danda'a.

Dhuma yeroo kana irratti, abukaaton uummataa (yookan abbaan seeraa qoratu yookan abbaan seeraa mana murtii daa'immanii) hidhaa sa'aatiwwan dabalataa 12 dheeressuu murteessuu mala. Kuni kan hin danda'amne yoo ta'e malee, yoo barbaachisaa ta'e, abbaa seera kana fuulduratti viidiyoo konferansiidhan ni dhihaatta. Dhuma yeroo hidhaatti, abbaa seeraa fuulduratti dhihaatta yookan ni gadhiifamta.

## Mirga armaan gadii akka qabdu sitti himamee jira:

### Namoota muraasa beeksisuu

Maatileen kee yookan nama yookan tajaajila ati adaraa itti kennamtetti, akka ati hidhamtee fi himannaan si irratti baname itti himama. Namni yeroo hunda waliin jiraattu, yookan maatii kee keessaa tokko, yookan obbooleessawwan yookan obboleettiwwan kee keessaa tokko, yookan guddisaan kee yookan ga'eessi dhimmi ilaallatu, tarkaanfii hidhaa si irratti fudhatame bilbilaan akka beeksifaman gaafachuu dandeessa.

Ati yoo nama Faransaay ta'uun baatte, aangawoota qoontsilaa biyya keetis akkasuma beeksisuu dandeessa.

Kuni kan hin danda'amne yoo ta'e malee, erga ati gaafattee sa'aatiwwan 3 keessatti ni beeksifamu.

### Nama dubbisuu

Namoota kanneen keessaa tokkotti, barreeffamaan, bilbilaan yookan gaaffii-deebidhaan haasofsiisuu gaafachuu dandeessa.

Qondaalli poolisii yoo gaaffiin kee balaa qabeessa jedhee yaade diduu mala. Qondaalli kuni haasofni kuni yoomii fi akkamitti akka ta'u ni murteessa, kuni daqiqawwan 30 caalaa turuu dhiisuu mala. Haasofni kuni too'annoo qodaalichaa jalatti taasifama.

### Doktaraan qoratamuu

Yeroo sa'aatiwwan 12 kana keessatti doktaraan ni qoratamta.

Yoo tarkaanfin hidhaa kee dheereffame, qorannoon lammataa ni gaggeeffama.

### Ibsawwan kennuu, gaaffilee deebisuу yookan callisuu

Erga eenyummaa kee mirkaneessitee booda, yeroo adeemsa dhageettiwwan keetii keessatti, mirga:

- ibsawwan kennuu,
- gaaffilee gaafatamtu deebisuу,
- yookan callisuu qabda.

## Bakka bu'aa seeraa keetin hordofamuu

Yoo aangawni gahumsa qabu barbaachisaa ta'ee argate, yeroo dhageettiwwan keetii yookan gaaffii-fi-deebiwwan keetii nama siif itti gaafatamummaa qabuun hordofamuu malta. Haala tokko tokko keessatti, ga'eessi biraan tokko akka si hordofu ramaduu yookan ga'eessa abbaan seeraa ramaduun hordofamuu malta.

## Abukaatodhaan deeggaramuu

### Abukaatoo seeratin deeggaramuu qabda.

#### Filannoo abukaatoo seeraa

Jalqaba hidhaa keetii irraa kaasee, yeroo dhageettii yeroo kamiyyuu, akkasumas haala hidhaan iitti dheereffamu keessatti – jalqaba dheereffama kanaa irraa kaasee – abukaatoo seeraa irraa deeggarsa gaafachuu malta. Abukaaton seeraa siin yookan maatii keetin filatamuun danda'a. Yoo kuni hin taane, abukaaton seeraa dirqama qabu ni ramadama.

#### Deeggarsa seeraa fi yeroo deebii

Abukaaton seeras haalota iccitummaa gaaffii-fi-deebii keetif wabii kennan keessatti daaqiqawwan 30'f kan si dubbisu ta'a. Haala yeroon hidhaa itti dheereffame keessatti, abukaatoo seeraa kee lammataa qophaa kee argachuuf gaafachuu dandeessa.

Abukaaton seeraa, yoo gaafatte, yeroo gaafatantu si waliin ta'uun mala.

Yoo dhageettin jalqabaa kee dhimmoota eenyummaa kee ilaallataniin qofa walqabate, abukaaton seeraa kee argamu malee jalqabuu dhiisuu mala, abukaatichis gahuudhaf sa'aatiwwan lama qaba. Sa'aatiwwan lama booda abukaaton seeraa kee yoo achi gahuu dhabe, dhageettin jalqabuu mala. Yoo fedhiwwan qorannichaa baay'ee barbaachisaa ta'an, abukaaton seeraa kee argamu yoo baate illee, aangoo abukaatoo seeraa uummataa yookan abbaa seeraa qoratuun yookan abbaa seeraa daa'immaniit, dhageettin jalqabaa kee battalatti jalqabuu mala.

Yoo abukaaton seeraa kee erga dhageettin jalqabee yoo gahe, akka isa yookin ishii waliin haasoftu siif eeyyamuuf dhageettichi addaan cita.

## Afaan hiikadhaan gargaaramaa

Yoo afaan Farasaay hin dubbanne yookan hin dhageenye, dhageettiwwan kee irrattii fi abukaatoo seeraa kee waliin haasa'uuf, mirga afaan hiikaa argachuu qabda.

## Hidhaan akka dhaabatu iyyachuu

Yommuu abbaan seeraa hidhaan akka dheeratu murteesse, tarkaanfin kuni akka hin dheereffamne abukaatoo seeraa uummataa yookan abbaa seeraa gaafachuu malta.

## Wantoota dhimma keetin walqabatan murtaa'oo argachuu

Yoo ati yookan abukaaton seeraa kee gaafate, akkasumas osoo dheeraffamni hidhaa kamiyyuu hin godhamin dura:

- hubachiisa hidhamuu kee ilaallatu irratti;
- waraqaawwan ragaa doktora si qorateen kennname irratti;
- qaboowwan yaa'ii dhageettiwan keetii irratti gorsa argachuuf gaafachuu malta.

## Yaadota seera kabachiisaadhaaf kennuu

Erga hidhaan dhumee booda, yoo xiqqaate yeroo waggaan tokko keessatti, yaadota kennuudhaf sanada adeemsotaa irratti gorsa argachuudhaf, xalayaa nagahee qabu galma'een yookan ibsa waajjira barreessatti nagaheedhan godhamuun seera kabachiisicha gaafachuu malta.

## Mirga iccitii dhuunfaa qabaachuu

Dhageettiwwan si ilaallatan kan yeroo tarkaanfii kanaa godhaman, yoo sababoota teeknikaan ta'een kan hin danda'amne ta'e malee ni waraabbamu.

Waraabbiwwan dhageettiwwan kanneenii tamsaasun nama kamiyyuudhafuu dhorkamaadha.

Waraabbiwwan kunneen yeroo dhageettiwwan hordoftoota malee gaggeeffaman qofa tamsaasamuun malu.